FRIEDRICH EBERT STIFTUNG




# Kuusa Qabiyyeewwan
# Aangoo, 2024

Mirgi Qopheessaa Seeraan
Kan Eegame © FES Ethiopia
Tarsiimoo Walqunnamtii kan:
Unbox Marketing
www.unbox-marketing.com
Fakkiiwwan
Aartii: Alemayehu Tefera (Alex)
2024 Teferalex4@gmail.com

Bakka hojii/naannoo milkaa'aa fi gaarii ta'e hunda keessatti dandeettiin hojjetaa hin haalamne jira, hojjetoonni haala fooyya'aa, muuxannoo haqa qabeessaa fi guddina hiika qabu barbaaduuf gurmaa'an. Meeshaan ijaarsa dandeettii kun hojjattoonni bakka hundatti, keessumaa Itoophiyaa keessatti, dandeettii waloo isaaniitti fayyadamanii gara hojii bu'a qabeessaatti akka jijjiiran agarsiisa ta'ee kan qophaa'edha. Seenaa kaka' umsaa/barumsaa namoota dhuunfaa akka Hareg, Gammachiis, Biiniyaam fi Hayaat kanaan gosoota dandeettii adda addaa hojjettoonni qabaniifi dandeettii jijjiirama kana akkamitti sochoosuu akka danda'an agarsiifna. Walii galtee hojii fooyya'aa ta'e irratti mari'achuuf, hawaasa kee sochoosuuf, yookiin yoo hojiiwwan tarsiimoo irratti hirmaachuuf yaadaa jirtan ta'e Meeshaan kun hubannoo fi tooftaalee imala kee humneessuuf gargaaru kenna. Beekumsa hidhannee, waliin taanee, jijjiirama fiduuf daandii kana waliin haa jalqabnu. Meeshaan kun dandeettii ol aanaa qaba. Humna jijjiiramaaf si kakaasu, dandeettii keessa kee fi naannoo kee jiru akka gadi lakkiftu si gargaarudha.

FRIEDRICH
EBERT
STIFTUNG

FRIEDRICH
EBERT
STIFTUNG

# Hareg waliin wal baraa

Hareg ogeettii IT yoo taatu, hojii Ride Taxi keessatti guyyaa guyyaan adda dureen hojicha kan to'attudha. Humni caasaa ishee dandeetti dinqisiisaa fi ogummaa addaa bakka hojii fi gabaa keessatti qabdu keessatti argama. Dandeettiin kun haala hojii fooyya'aa akka gaafattu ishee dandeessisa.


Appii taaksii ittiin waammatan.
Dhaqqabummaa biyyoolessaa
Mirga hojjettootaa
appii raayidii ittiin waaman
IXAT
TAXI

FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

# Gammachiis waliin wal bara

Gemchis ogeessa paakeejii'g warshaa qaruuraa keessatti hojjetudha. Gemchis fi waahillan isaa mirga isaanii fi haala hojii fooyya'aa ta'eef falmachuuf tokkummaan dhaabbatu.



# Biiniyaam waliin wal baraa

Hojjetaa qonna abaaboo kan ta'e Biiniyaam hawaasa naannoo walitti hidhuu qindeessuu irratti gahumsa qaba. Gareewwan hawaasummaa biroo waliin ta'uun hojjechuu gurmaa'ee waldaa hojjettootaaf deeggarsa argachuu fi haala hojii fooyya'aa gaafachuu waan danda'uuf aangoo hawaasummaa hawwaasicha keessatti argachuu danda'eera.



Yoo gamtoomni hin jiraanne haquni hin jiru
Injifannoo hoj jettootaa, guddina hawaassaa
Gamtaan caalmaatti nu aangomsa
Gamtaan caalmaatti nu aangomsa
Buddeena barbaanna, abaaboos akkanumatti

FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

# Hayaat waliin wal baraa

Hojjettuun warshaa huccuu fi miseensa waldaa hojjettootaa kan taate Hayaat, kanaan dura aangoo gurmaa'insa gamtichaa fayyadamuun mirga argattee turte. Deggersa seeraa cimaa, deggersa dhaabbilee akka mana murtii, fi sirna waliigaltee waloo diriiree jiruun aangoo dhaabbata ishee haala cimaan mirkanaa'eera.


Morgan hojjettootaa
haaraa

FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

Qabiyyeewwan aangoo kan
kee isaan kami?
Isaan argachuuf yaalaa!

# Xiinxala SWOT

Gammachiis fi waahillan isaa dandeettii waloo isaanii fayyadamuuf cimina, hanqina, carraa fi balaa isaanii mudatuu maluu ni gamagamu. Hireen hojjechiisaa isaanii hojjettoota irratti akka hundaa'u ni hubatu!


Nutis namo
Mirgoota hojjettootaa
Waliin dhaabnna
Mirgoota hojjettootaa
Mirgoota hojjettootaa
Nutis namoota
Waliin dhaabnna
Mirgoota hojjettootaa
Waliin dhaabnna

FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

# Gufuulee cabsuu

Bakka bu'ummaa saalaa ilaalchisee guddina duubatti kan deebisuu qormaanni sirnaa Hayaatiin ni mudata. Dhimmoota tarsiimoo garaagarummaa bakka bu'ummaa saalaa suuraa irratti mul'atuun fakkeenya ta'an furuuf kallattiin hirmaachuu ni deggerti.


Koree komii walqixxummaa saalaa dhaggeeffatu
Ogeessa koomiyaa
Ogeessa koomiyaa

FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

# Karoora hojii tarsiimawaa

Fuulduratti tarkaanfachuu fi hoggansa gamtaa fi tattaaffii sochii gamtaa irratti itti gaafatamummaa mirkaneessuuf ka'umsa ifa ta'e qabaachuun barbaachisaa ta'uu hubatti.


Akkamiin?
Gaarii hojjettootaa!
Addunyaaf?
Nu 5'nan qofaamoo?

FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

# Sararoota wal qunnamtii odeeffannoo

Biiniyaam bakka hojiitti sanadoota barbaachisoo ta'an argachuuf gufuuwwan mudachaa osoo jiranii barbaachisummaa toora qunnamtii cimaa hojjettoota gidduutti qabaachuu ni hubata. Deeggarsi kun sochii fi gocha waloo isaanii ceesisuuf murteessaadha.


Xalayaan Kenya si qaqqabeeraa?
Eyyee, mallattoon Isaa sirritti hin mul'atu
Mindaa Gadi aanaa hojjetoonni wona abaaboo argachuu qaban irratti odeeffannoo qabnaa?
odeeffannoo argachuun maaliif hin danda'amne?
Yeroo/ sa'aatii walga'ii isaan beeksifteettaa?
maaloo.nan dagadha.

FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

# Dursa kennuu fi hordoffii

Komiin koree komii haala boonsaa ta'een ni dhiyaata. Haa ta'u malee, komiin hedduun gara cinaatti dhiibamanii hojiirra hin oolliin waan hafaniif, himannaa dhiyeessu malee wanti biraa hin jiru. Milkaa'inni dhugaa hordoffii itti fufiinsa qabuu fi tarkaanfiiwwan qabatamaan akka fudhataman mirkaneessuudha.


Har'aaf hojiin koo xumurameera
Komiiwwan

# Ergaa dadammaqsuu


Hayaat ergaa dadammaqsuu gabaabaa, amansiisaa fi kaka'umsa qabuun bu'aa k argatteetti. Ergaawwan dheeraa fi ifa hin taane caalaa, ergaawwan gabaabaa fi nama hawwato tahan yaaddoo hojjettootaa haala bu'a qabeessa ta'een kan dabarsuu fi deggersa hawaasa bal'aa akka walitti qaban ni hubatti.


Mindaan madaalawwaa ta'uu gaba
Walqixxummaan {Nama}hundaaf!
Wal-qixxummaa koorniyaa!
Hirmaannaa dunartoonni bulchinsa keessatti qaban
Mindaan madaalawwaa ta'uu gaba

FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

# Gabatee kaartaa

Binyaam hirmaannaa hojjettootaaf qooda fudhattoota ijoo fi michoota adda baasuuf sirna ikoo bakka hojii kaartaan kaa'a. Sirna jijjiiruuf yaadne dhiibbaa alaa isaatiin hubachuun tooftaa hunda caalaa bu'a qabeessa ta'e bocuuf murteessaa ta'uu isaa ni beeka.


Baankii
NGO
Dhaabbata miti mootummaa
Waldaa gamtaa hojjettootaa
Waldaa uummataa

FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

# Tarsiimoo fi tooftaa hojjettootaa

Gammschiis fi waahillan isaa haala amma dhaabbatichaa fi sirna ikoo bal’aa hubachuun mariidhaaf qophaa’u. Odeeffannoon bu’a qabeessa ta’e kun beekumsa dhiibbaa hojjechiisaa irraa dhufu akka dandamatan ga'umsa isaan gonfachiisa.


Kottuu bunnaa dhuggaa
Hojjettootaa kan mudatu
Oomishni perseentii 20'n gadi bu'uu
Baasii galtee meeshaa ol aanaa ta'ee
Dorgomaa haaraa gabayaatti seene

FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

# Marii Waloo

Hayaat fi waahillan ishee dhaabbaticha waliin wal arguun marii waloo ni taasisu. Yuuniyeeniin hojii dhaabbatichaa fi haala industirii irratti hubannoo gaarii qabu marii waloo bu'a qabeessa ta'e gaggeessuuf haala gaarii qabaata.


Mirga heera mootummaa 2022
Mirga dubartootaa
Gabaasa koomiyaa

FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

# Qabxiilee marii

Biiniyaam akka bakka bu'aa hojjettootaatti qabxiilee hojii murteessoo ta'an sadarkaan kaa'a. Bakka bu'oonni dhaabbatichaas ta'e waldaa hojjettootaa mariin dhimmoota hedduu akka of keessatti hammatu ni hubatu. Kanaafuu, dhaabbatichaa fi waldaalee hojjettootaa gidduutti waliigaltee haqa qabeessa ta'e irra ga'uuf mariin if ta'e barbaachiisaa dha.



Kaffaltii gaarii
Fayyaa fi Magee ya
Haala hojii gaarii
Invastimantii
Bu'aa bhaabbalaa
Oomishtummaa
Migra hojjettootaa
Kaffaltii xiqqaa

FRIEDRICH
EBERT
STIFTUNG

# Mariiwwan injifannoo fidan

Hareg miseensota hawaasa naannoo, hoggantoota, waldaalee siivikii fi waldaalee hojjettootaa walitti fiddee marii milkaa’aa ta’eef haala mijeessiti. Tattaaffiin ishee sadarkaa dhaabbatichaa fi mootummaatti murteessitootni dhiibbaa uumuu, fedhiin hojjettootaa akka guutamu gochuu irratti kan xiyyeeffatedha.



FRIEDRICH EBERT STIFTUNG

# Tooftaalee lagannaa hojii

Gamechis fi waahillan isaa humna waloo isaanii mirkaneessaniiru. Hirmaannaan bifa biroo yeroo tuffatamu, akka filannoo tarsiimootti hojii dhaabuu fi dhaabbaticha mormuuf kaayyeffate, hoggantoonni yaaddoo hojjettootaaf beekamtii akka kennan.



FRIEDRICH
EBERT
STIFTUNG

# Yaada Wixinee waliigaltee qopheessuu

Akka bakka bu'aa hojjettootaatti, Gammachiis adeemsa yaada wixinee waliigaltee keessatti jechoota wal-dha'aa ta'an fayyadamuun barbaachisaa ta'uu cimsee hubata. Iftoominni kun mirgoonni kunneen, guyyoota raawwiin kennamu  fi ibsi biroo haala bal'aa ta'een akka ibsaman kan taasisu yoo ta'u, kunis qaamolee hundaaf bakka bu'ummaa kan hayyamuu fi garee kamiyyuu irratti loogii akka hin uumamne kan taasisudha.


Walii galtee wa hubannoo
Piropoozaala kontoraataa
Galmeen jechoota
Karoora Hojii

FRIEDRICH
EBERT
STIFTUNG

# Madda humnaa kan kee adda baafteettaa?

FRIEDRICH
EBERT
STIFTUNG